



FEED THE FUTURE

The U.S. Government's Global Hunger & Food Security Initiative




NYAATA MADAALAMAA: QAJEELFAMA KAROORAA FI BAAJATAA SADARKAA MAATII

Feed the Future Ethiopia Livelihoods for Resilience - Oromia



USAID
FROM THE AMERICAN PEOPLE

CRS
CATHOLIC RELIEF SERVICES



Suura qola kitaabaa:
Teklagannat Taammiruu

Barruu kana wabii godhachuudhaaf. Dhaabbata Gargaarsaa Kaatoliikii. 2020. *Nyaata Madaalamaa: Qajeelfama Karoora fi Baajataa Sadarkaa Maatii*. Booltiimoor: CRS.

Maxxansi qajeelfama kanaa deeggarsa arjoominaa uummata Ameerikaa karaa Dhaabbata Gargaarsa Misooma Idil-Addunyaa Mootummaa Ameerikaa (USAID) tiin taasifameen kan dhugoome dha. Qabiyyeewan maxxsichaatiif itti gaafatamummaa kan fudhatu Dhaabbata Gargaarsaa Kaatoliikii (CRS) yommuu ta'u, ilaalcha USAID yookiin kan Mootummaa Amerikaa calaqqisiisuu dhiisuu ni danda'a.

Dhaabbanni Gargaarsa Kaatoliikii (CRS) jaarmiyaa gargaarsa namoomaa idil-addunyaa hawaasa Kaatoliikii Ameerikaa ti. Hojiin keenya dandamanna fi misoomaa, yeroo atattamaa, dhibee Eedsii (HIV), fayyaa, qonaa, barnoota, maaykiroofaayinaansii fi nageenya ijaaruu irratti deeggarsa kennuudhaan raawwatama. Dhaabbanni Gargaarsa Kaatoliikii (CRS) dararama dhala namaa ittisuun biyyoota 100 ol keessatti namoota rakkina irra jiraniif qomoo, amantii fi lammummaadhaan utuu addaan hin qoodin deeggarsa kennaa jira.

GALATA

Barruun leenjii kun Itoophiyaatti Sagantaa Dhaloota Egeree Nyaachisuu, Madda Galii Ittiin-jirenya Dandamanna pirojektii Oromiyaa tiif Aadde Valerie Rhoe Davis fi Teklagannat Taamiruutiin kan qophaa'e dha. Qophii barruu qajeelfama leenjichaatiif deeggarsa oogummaa kan kennan Valerie Rhoe Davis, Qonna, Dhimma Koornayaa fi Sirna Nyaataa irratti Gorsaa Oogummaa ol'aanaa yommuu ta'an, Aadde Taklagannat Taammiruu, ammoo Dhaabbata Gargaarsaa Kaatoliikii Itoophiyaatti Hojii-gaggeessaa ol'aanaa SBCC ti. Qajeelfamichi bu'aawwan qorannoo Xiinxala Gatii Nyaataa Eebla 2019 aanalee sgal (9) LROn keessatti hojjetu keessatti aadde 'Claudia Damu' tiin adeemsifame irratti bu'uura godhachuudhaan qophaa'e. Miseenonni garee tajaajila finaansii Dhaabbata Gargaarsa Kaatoliikii keessatti hojjetan kanneen akka Taammiraat Waldegooris, Fatiyaa Ahmad fi Shaambal Mohaammad qophii karoora barnootichaa keessatti shoora guddaa taphataniiru. Kana malees, 'Lauren Wright' Dhaabbata Garagaarsa Kaatoliikii (CRS) Itoophiyaatti hojii gaggeessaa dhimma Fayyaa fi Sirna Nyaataa pirojektii DFSA kan ta'anis, qabiyyee qajeelfamichaa keessa deebi'anii ilaaluudhaan akkasumas yaada fooyya'insaa kenuun qooda fudhataniiru. Dhaabbata Garagaarsa Kaatoliikii (CRS) Itoophiyaatti Itti-aanaa Dura-taa'aa pirogiraaming kan ta'an Obbo Yohaannis Hayilee ammoo hojii qorannoo mirkaneessuu keessatti hirmaachuudhaan gumaacha godhaniiru. Ogeettiin gorsaa Aadde 'Claudia Damu' saxaxa (design) qajeelfama kanaaf qabiyyee jalqabaa qopheessuu akkasumas leenjii yaalii marsaa duraa leenjisuuudhaan hirmaataniiru. Taarikuu Anaggaa ammoo qabiyyee barruu qajeelfamichaa akkasumas leenjii leenjistootaa yaalidhaaf godhame Afaan Ingilffaa irraa gara Afaan Oromootti jijiireera.

Gama biraatiin, miseenonni garee hojii gaggeessitootaa fi ogeessota Dhaabbata Kaatoliikii Damee Maqii (MCS) Soloomoon Kabbadaa, Muhiddin Xahaa, Safayoo Ashutaa, Tizaazu Guddataa, Asnaaqech Dabalaa, Abbabaa Geetachoo, Wandawasan Bagaashaawu, Hasan Mohaammad fi Sulxaan Fayyisoo yeroo leenjiin yaalii godhametti hojjetoota MCS fi hawaasa hirmaachisuudhaaf haala mijeessuu deeggarsa godhaniiru.

Hirmaattota leenjii yaalii irratti qooda fudhatan kanneen akka hojjetoota Sirna Nyaataa, Barnoota Faayinaansii fi Koornayaa MCS, Dadammaqsitoota Hawaasaa (CAs), Hojjetoota Dirree (Fas) akkasumas miseensota hawaasaa ni galateeffanna.

Dhaloota Egeree Nyaachisuu Itoophiyaa Sgantaa Mala-ittiin Jirenyaa Dandamanna Oromiyaatti Hoogganaan Ol'aanaa (Chief of Party) Obbo Iyaan Dilaaroozaa (Ian de la Rosa), qophii maanuwaalii kanaa keessatti qajeelfamaa fi deeggarsa wal-irraa hin cinne kenuun gumaacha guddaa isaan godhaniif baayyee isaan galateeffanna.

QABIYYEE FUULA

SEENSA	1
BOQONNAA 1: GOSOOTA NYAATAA QABIYYEE ALBUUDOTAAN BADHAADHA MAATIIWWAN KEENYAAF	3
GULANTAA 1: QABIYYEE BARUMSICHAA MISEENSOTA HAWAASAATTI BEEKSISUU	3
GULANTAA 2: WAA'EE GAREEWAN NYAATAA JA'AN MAAL AKKA BEEKNU IRRA DEEBINEE ILAALUU	4
Meeshaa Deeggarsaa Hojii 1: Gareewwan Nyaataa gosa adda addaa ja'an.....	6
GULANTAA 3: NYAATA MADAALAMAA (GOSA HEDDUU)	7
Meeshaa Deeggarsaa Hojii 2: Maatii Itoophiyaa nyaata madaalamaa sooratu.....	7
Meeshaa Deeggarsaa Hojii 3: Soorata guutuu daa'imman ji'a 6-242.....	8
Meeshaa Deeggarsaa Hojii 4: Akkaataa soorata dubartii ulfaa fi hoosiftuu	9
GULANTAA 4: SHAAKALA MAADDII NYAATAA	11
Maaddii nyaataa daa'ima ji'a 18 qopheessuu	11
Maaddii nyaataa dubartii ulfaa qopheessuu	12
BOQONNAA 2: KALAANDARII WAQTAAWAA: NYAATAA FI DHANGALA'A MAALLAQAA	14
GULANTAA 1: SEENSA BARUMSICHAA	15
GULANTAA 2: SHAAKALA KAALAANDARII WAQTII NYAATAA	16
Meeshaa Deeggarsaa Hojii 5: Fakkeenya Kalaandarii nyaataa guutame	17
GULANTAA 3: KALAANDARII WAQTII NYAATAA IRRATTI GABAASA DHIHEESSUU	17
GULANTAA 4: UNKA KALAANDARII WAQTII MAALLAQAA GUUTUU	18
Meeshaa Deeggarsaa Hojii 6: Fakkeenya kaalaandarii waqtii maallaqaa guutame	19
GULANTAA 5: KALAANDARII WAQTII MAALLAQAA KALAANDARII WAQTII NYAATAAWALIIN WAL-CINA QABUUN GABAASUU	20
GULANTAA 6: BARAARSA (INSHUURAANSII) FAYYAA ILAALCHA KEESSA GALCHUU	21
BOQONNAA 3: NYAATA MADALAMAADHAAF GALMAA FI KAROORA QOPHEESSUU	23
GULANTAA 1: SEENSA BARUMSICHAA	24
GULANTAA 2: SHAAKALA GATII NYAATA MADAALAMAA HERREGUU	25
Meeshaa Deeggarsaa Hojii 7: Fakkeenya karoora guyyaa kan tokkoon tokkoon waqtii	26
Meeshaa Deeggarsaa Hojii 8: Tilmaama gatii nyaata madaalamaa soorata maatii kan ji'a tokkoo (fakkeenya).....	27
Meeshaa Deeggarsaa Hojii 9: Soorata maatii madaalamaadhaaf baajata wagga.....	28
GULANTAA 3: NYAATA MADAALMAADHAAF KAAYYOO QOPHEESSUU	28
Meeshaa Deeggarsaa Hojii 10: Kaayyoowwan Qopheessuu	29

SEENSA

Maatiin baay'een nyaata madaalamaa miseensota isaaniitiif itti-fufiinsaan dhiyeessudhaaf rakkootu isaan mudata. Beekumsa, dandeettii, argama qabeenyawwan oomishaa fi galteewwan midhaan nyaata madaalamaa oomishuuf yookiin horii horsiisuuf barbaachisan utuma qabanuuyyuu maatiwwan kanneen nyaata madaalamaa gahaa oomishuu dadhabuu ni malu. Yoo dursamee hin karoorfatamne, nyaatawwan gosa adda addaa albuudotaan badhaadhan oomishuuf galteewwan barbaachisan bituun, yookiin nyaatawwan kanneen gabaa irraa bituun ulfaataa ta'u ni mala; sababiinsaa gatiiwwan nyaata kanneenii gatiiwwan nyaata idilee qabiyyeen albuuda isaanii gad-aanaa ta'e irra caalaa baay'ee ol'aanaa waan ta'aniif.¹ Kana malees, argamnii fi gaatiiwwn nyaataa guutummaa waggaa keessatti ni jijijiiramu. Kanaafuu, oomisha nyaataa fi itti fayyadama galii isaanii irratti karoorfachuudhaan miseensa isaaniif argamaa fi carraa itti fayyadama nyaata madaalamaa manatti sooratamuu malu akka guddisanuuf dandeettii maatiwwanii tumsuun baay'ee barbaachisaa dha. Gatiin nyaatawwan albuudotaan badhaadhanii (kanneen midhaanotaa fi bineellada irraa argamanu) ol'aanaa waan ta'eef, maatiwwan yookiin abbootiin warraa kaayyoowwan nyaata madaalamaa argachuuf tumsa godhan akka qopheessuu danda'anuuf deeggaruun barbaachisaa dha. Kana malees, maatiwwan karoora qopheessuu fi baajata ramaduun kaayyoowwan nyaata madaalamaa aragachuu isaanii karaa oomisha manaa fi gabaa irraa bituudhaan dhugoomsuu akka danda'anuuf tumsi godhamuufii qabu.

Barruun yookiin moojuulli kun gosa barnoota sadii kanaan duraa qophaa'an kan deeggaru dha:

1) Baroota Waa'ee Itti Fayyadama Faayinaansii (Maallaqaa) qabeenyummaan isaa kan CRS ta'e, 2) Sagantaa Rakkoo Hanqina Nyaataa Itti-fufiinsaan Xiqqeessuu (SURE) keessatti "Barruu Leenji Daa'immanii fi Ijoollee Nyaachisuu (IYCF) akkasumas Qonna Sirna Nyaataaf Deebii kenu (NSA)" 3) Qonna Mandubee Oomishtummaa Guddisu Ijaaru jedhaman. Shaakalawwan waa'ee qabaa maallaqaa fi kalaandarii waqtii nyaataa kanaan duraa irratti akka dablataatti kan dhihaatee fi dandeettiwwan kaayyeeffachuu, karoora qopheessuu fi maallaqa ramaduu kanaan dura baratame hojii irra oolchuuf kan gargaaru dha. Barruun yookiin moojuulli boqonnaa/ barumsa sadii of keessatti hammatu kun: 1) nyaatni madaalamaa maal of keessatti akka qabatu beekuuf 2) baajata nyaataa waqtaawaa qopheessuuf kaalaandarii nyaataa fi maallaqaa waliin qopheessuu akkasumas 3) kaayyoowwan, karoorawwan akkasumas maallaqa nyaata madaalamaa argachuuf deeggaru qopheessuuf miseensota hawaasaa ni gargaara.

KAAYYOOWWAN

Kaayyoon barruu kanaa dadammaqsitoota hawaasaa (CAs), hojjettoota dirree (FAs), hojjettoota misoomaa (DAs) fi hojjettoota eekisteenshinii fayyaa (HEWs) deeggaruudhaan miseensota hawaasaa hirmaachisuudhaan karoorsuu fi baajata qopheessuudhaan nyaata madaalamaa miseensota maatiif dhiheessuu akka danda'an gargaaru dha.

KAAYYOOWWAN

- Miseensonni hawaasaa garaagarummaa fedhii nyaata madaalamaa miseensota maatii adda addaa ni hubatatu.
- Miseensonni hawaasaa nyaata mdaalamaa argachuudhaaf waqtii rakkisaan yoom akka ta'e addaan ni baasu.
- Miseensonni hawaasaa argama nyaata madaalmaa deeggaruuf kaayyoowwan tokko yookiin lama ni qopheessu.
- Miseensonni hawaasaa karoorawwanii fi baajata yookiin maallaqa kaayyoo isaanii raawwachuuf gargaaru ni qopheessu.

1. Catholic Relief Services. 2019. A Cost of the Diet Analysis in the Rift Valley region of Ethiopia (East Shewa, Arsi and West Arsi Zones). Ethiopia: Addis Ababa.

BARRUUN KUN MAAL OF KEESSATTI QABATA

Barruun yookiin maanuwaaliin kun shaaklawwan hirmaachisoo ta'an kanneen nyaata madaalamaa miseensota maatii adda addaatiif barbaachisan addaan baasuudhaaf dandeessisu of keessatti ni hammata. Kana malees, yeroo nyaata madaalamaa argachuun itti rakkisaa ta'e, nyaata madaalamaa argachuun ilaalchisee kaayyoo qopheessuu fi karoora fi baajata kaayyoo sana raawwachuuf ta'u qopheessuuf akka danda'anuuf miseensota hawaasaa ni deeggara.

HAALA MIJEESSUU

Barumsi kun sadarkaa hiriyoota gaa'ilaa yookiin abbaa manaa fi haadha manaatti akkasumas haadholii abbaa manaa hin qabne yookiin abbootii haadha manaa hin qabne kanneen dubartii ulfaa yookiin hoosiftuu yookiin daa'imman wagga shanii gadii qabnuuf walfaana barsiifamuu qaba. Beekumsaa fi muuxannoo isaanii irratti hundaa'uudhaan, dadammaqsiteoonni hawaasaa fi hojjettoonni dirree walii wajjin barumsa kana barsiisuun filatamaa dha. Pirojktichi walghahii SILC boodaan barnoota barumsa dabalataa kennuun isaan waan baratame waan ta'eef, barumsi kunis walghahii idilee SILC booda kennamuu qaba. Miseensonni SILC kanneen abbaa manaa yookiin haadha manaa qaban barumsa kana barachuudhaaf haffeeramuu qabu. Miseensonni SILC dubartii ulfaa yookiin hoosiftuu, yookiin daa'ima wagga shanii gadii hin qaban yoo ta'e garuu barumsa walghahii SILC booda kennamuu irratti hirmaachuun isaan hin barbaachisu.

Barruun kun tooftaa hirmaachisaa ta'ee fi ga'eessota giddu-galeessa godhateen barsiifama. Caasaan kutaawan barumsa isaa: 1) marii hirmaachisaa ta'een beekumsa/muuxannoo jiru sassaabuu, 2) dandeettii hubannoo miseensota hawaasaa irratti hundaa'uudhaan beekumsa waliif quoduu fi 3) shaakala garee hojjechuu irraa eegala. Tokkoon tokkoon kutaa barumsichaa hojji manaa leenjii itti aanu dura hojjetamuu qabu of keessatti hammata. Haala mijeessitoonni beekumsa isaanii yeroo ammaa irratti hundaa'uudhaan hirmaachisu akkasumas haaluma kanaan qabiyyee barnootaa fooyyeessuu qabu. Haala mijeessaan miseensota hawaasaa dhiiraa fi dhala walqixxummaan hirmaachisuu akkasumas hirmaannaa ho'aa, bu'a qabeessaa fi marii namoota hunda hirmaachisuu danda'u jaijabessuu qabu.

BOQONNAA I: GOSOOTA NYAATAA QABIYYEE ALBUUDOTAAN BADHAADHA MAATIWWAN KEENYAAF

KAAYYOOWWAN

1. Waa'ee gosoota nyaataa garaagaraa fi fedhii qabiyayee albuudota nyaataa miseensota hawaasaa adda addaa hubachuu.
2. Hanqinoota qabiyayee albuuda nyaataa gosoota nyaataa amma argaman irratti argamu addaan baasuu.
3. Tooftaawwan hanqinoota albuudota nyaataa amma mul'atan ittiin furuun danda'amu addaan baasuu.

MEESHAALEE DEEGGARSAA

- Meeshaawan deeggarsa hojii 1 haga 4.
- Shaanii yookiin maaddii nyaataa cuqqaalmaa/maragamaa fi nyaataawwan.
- Bilbila moobaayili ismaartii/kaameeraa/ suura shaaniiwwan yookiin maaddiwwan nyaataa hunda kaasuuf gargaaru. Suurawwan kanneen kutaa barumsaa 3 keessatti maaddii yookiin shaanii irra deebi'anii qopheessuuf fayyadu.

YEROO/TURTII

Daqiqaa 90

MEESAHAALEE DABALATAA

Barruu leenjii Daa'immanii fi Ijoollee Sooruu (Infant and Young Child Feeding (IYCF) irratti 'Rakkoo Hanqina Nyaataa Itti-ufiinsaan Xiqqeessuu' (Sustainable Undernutrition Reduction (SURE) yookiin akkasumas Qonna Sirna Nyaataaf Deebii kenu (Nutrition Sensitive Agriculture (NSA) (2015).

GULANTAA 1: QABIYYEE BARUMSICHAAN MISEENSOTA HAWAASAATTI BEEKSISUU

Haala mijeessaan akkas jedha: "Erga akka gareetti wal arguu eegallee kaasee, sirni nyaataa maal akka ta'ee fi sirna nyaataa ofii keenyaa akkasumas daa'imman keenyaa fooyyessuuf maal gochuu akka dandeenyu dubbannee turre. Dhimmoota akka nyaataawwan albuudaaan badhaadhan kanneen akka kuduraa, muduraa, boloqqeewan, killee fi foon nyaata keenya keessatti dabaluu irratti mariyannee turre. Kana malees, nyaataawwan naannoo mana jirenyaa keenyatti baay'inaan oomishuu danda'uu qofaa utuu hin taane, gosoota isaaniis hedduummeessuu danda'uu irratti dubbannee turre. Haa ta'u malee, gosoota nyaataa barbaachisoo ta'an kanneen hunda midhaanota naannoo mana jirenyaatti oomishaa jirruu qofaadhaan guutuun akka hin dandeenyu hubannee jirra. Kanaafuu, qe'ee keenya keessatti oomisha nyaata madaalamaa dabaluudhaaf, wantoota barbaachisoo kanneen akka sanyii bituu yookiin midhaanota qabiyayee albuudaatiin badhaadho ta'an gabaa irraa bituun akka barbaachisaa ta'e ni beekna. Hanqina nyaataa madaalamaa barbaachisoo guutuudhaaf maalfaa bituu akka qabnu murteessuudhaaf, gosoota nyaata kamfaan hir'ina keenya guutuu akka malan addaan baasuu, wagga keessatti yeroo akkamii bituu akka dandeenyu karoorfachuu fi maallaqa bittaadhaaf oolu akka itti ramadhu beekuun barbaachisaa dha. Yeroo sadan gara fuula duraatti wal arginu keessatti waa'e dhimmoota kanneenii irratti waliin ni mariyanna.

GULANTAA 2: WAA'EE GAREEWAN NYAATAA JA'AN MAAL AKKA BEEKNU IRRA DEEBINEE ILAALUU

Haala mijeessaan akkas jedha: Guyyaa har'aa, gareewwan nyaataa adda addaa ja'an irra deebinee ni ilaalla. Itti fufuudhaanis, yeroo ammaa kana nyaata gosa akkamii soorachaa akka jirruu fi argama nyaata madaalamaa mirkaneessuudhaaf maal akka gochuu qabnu ni ilaalla.

 Waa'ee gareewwan nyaataa barattanii namni yaadatu jiraa?

Haala mijeessaan deebii ilaaluu qaba. Yoo hirmaattonni mataa isaanii sochoosuudhaan eeyyee deebii jedhu deebisan, akka isaan harka baasanuuf yookiin yaadatanii dubbatanuuf maallattoo itti agarsiisi. Itti aansuudhaan haala mijeessaan gaaffii armaan gadii gaafata.

 Gareewwan nyaataa garaagaraa isaan kamfaa dha, akkasumas tokkoon tokkoon gareewwan nyaataa kanneenii irraa qabiyyee albuuda nyaataa maalfaa argattu?

Haala mijeessaan deebiwwan isaanii gareewwan nyaataa gosa garaagaraa waliin wal qabatan isaan irraa ni dhaggeeffata: Fakkeenyaaaf, deebiwwan kanneen akka nyaataawwan dhaabbataa (midhaan callaa, biqiltoota hiddaa fi hundeen isaanii nyaataman), kanneen akka boloqqee, baaqelaa fi ocholoonii. Kana malees, kuduraa fi muduraa keessumaa kanneen vaayitaamin A dhaan badhaadhan, nyaataawwan bu'aa beelladaa (foon, qurxummii, lukkuu, tiruu/foon mi'a garaa keessaa, itittuu, baaduu) akkasumas faatii/cooma. Miseensi hawaasaa tokko yeroo garee nyaataa tokko caqasu, haaala mijeessaan quba itti qabuudhaan Meeshaa Deeggarsaa 1 irraa agarsiisa. Fakkii yookiin Meeshaa Deeggarsaa 1 fi odeeffannoo armaan gadii fayyadamuudhaan, haala mijeessaan kanneen hin caqafamin hafan itti ni dabala akkasumas kanneen dogoggoraan ibsaman yoo jiraatanis ni sirreessa.

Yaadachiisa Haala Mijeessaaf: Hirmaattonni gareewwan nyaataa kanneen yoo dagatan, gosoota nyaataa hawaasaa keessatti nyaatamaa jiru gaafachuudhaan kanneen isaaan caqasan fakkicha irraa itti agarsiisi. Isa booda, gareewwan nyaataa ja'an akkaataa araan gaditti dhihaatetti irra deebi'ii yaadachiisi, tokkoon tokkoon garee nyaataa caqasuudhaan fakkeenyaa garee sanaa kennuudhaan faayidaa fi qabiyyee isaanii irratti ibsa godhi.

Meeshaa Deeggarsaa Hojii 1: Gareewwan Nyaataa gosa adda addaa ja'an

1. Nyaata idilee (midhaan dheedhii/midhaan hiddaa) irraa kaarboohaayidiretii anniisaa isiniif kenu argattu. Kaarboohaayidireetiin baay'ee barbaachisaa dha, garuu qaamni sirriitti guddachuufi fayyalessa ta'uudhaaf gosoota nyaataa biroos isa barbaachisa. Gabatee keenya kana keessatti nyaataawwan idilee kan jedhaman kanneen akka boqqolloo, daagujja, bishingaa, qamadii, xaafii (diimaa/adii) of keessatti hammatu.

2. Gosoota midhaan qolaa fi ocholoonii nyaataawwan kanneen akka boloqqee fi baaqelaa pirootinii/nyaata ijaaraa maddi isaa biqiltoota irraa maddu ni kenu. Gosootni nyaataa kanneenis boloqqee diimaa, boloqqee adii fi ocholoonii faa dha.

3. Nyaataawwan bu'aa horii maddeen gaarii pirootinii fi faatii gaarii ti. Aannan, itittuu fi baaduun maddeen gaarii pirootinii (nyaata ijaaraa) fi kaalshiyeemii ti. Kana malees, gareen nyaataa, kun foon lukkuu, foon sangaa/sa'aa fi killeefaas of keessatti ni qabata.

4. Coomaa fi Friiwwan killee, aannan loonii, zayita paalmii, abokaadoo, nuugii, qurxummii fi dhadhaafaa keessatti argamu.

5. Fuduraa fi 6. Kuduraaleen gosoota albuuda nyaataa baay'ee kanneen akka vaayitaamin A, vaayitaamin C, foolik asiidiifi aayiraniidhaaf maddeen gaarii dha. Haadhaa fi daa'imni fayyaummaa fi jabinaa akka qabaatanuuf waan gargaaranuuf, fooliik asiidiif fi aayiraniin keessattuu dubartoota ulfaa fi hoosiftootaaf baay'ee barbaachisoo dha. Kana malees, dhibee hir'ina dhiiga (anemia) hir'isuuf ni fayyadu. Vaayitaamin A fi Cn qaamni keenya dhukkuba of irraa ittisuu akka danda'uuf ni gargaaru.

- **Nyaatawwan vaayitaamin A dhaan badhaadhan:** Mixaaxisa yookiin dinnicha mi'aawaa gogaansaa keeloo ta'e, kaarotii, dabaaqula, maangoo (bilchaataa), paappaayyaa (bilchaataa), raafuu gurraacha (kale), hundee diimaa, qoosxaa,killee, aannanii fi bu'aawwan annanii faa dha.
- **Nyaatawwan vaayitaamin C dhaan badhaadhan:** Qoosxaa, raafuu gurraacha, zeeyitunaa, timaatima, mooriingaa, barbaree, biqiltoota baalaa magariisaa, hundee diimaa fi baalota magariisaafaa dha.
- **Nyaatawwan vaayitaamin B 12 of keessatti qabatan:** Aannanii fi killee.
- **Nyaatawwan fooliik asiidiin badhaadhan:** Boloqree diimaa, boloqree adii, boloqree buburree, shumburaa, qoosxaa, timaatima, paappaayyaa, burtukaana, missira, avokaadoo, hunde-diiimaa.
- **Nyaatawwan aayiraniin badhaadhan:** Boloqree diimaa, baala hundee diimaa,killee, qurxummii fi foon.

Gosa nyaataa adda addaa

Itoophlyaaatti Sagantaa hir'isa
hanqina sirna nyataa Itti
tufilnsa qabuu

Guyaatti Yeroo Nyaatni Naattamu, Yoo Xiqate Nyaata Gosa Afurii/4/ Nyaachuun Fayaadhaaf Barbaachisaadha

Nyaata idilee	Midhan dhedhii	Kuduraalee	Cooma	Muduraalee
Dagujaa	Miisiira	Raafuu Abashaa	Zayittii Nyataa Butter	Maangoo
Misiinga	Aatara	Raafuu Aabaaboo	Dhadhaa	Paapayaa
Boqqoloq	Bolooqee	Kaarootii	Saliixa	Abuukaado
Xaaffi	Shuumbuuraa	Miixaaxiisa	Suuifi	Muuzaa
Garbu	Baaqeelaa	Duubaan /Dabaauquula		Waynii
Qamadii	Ocholonii	Raafuu maraa		Aanaanaasi
Ajjaa		Isquashii		Zayituuna
		Timaatiima		Buurtuukaanaa

GULANTAA 3: NYAATA MADAALAMAA (GOSA HEDDUU)

Haala mijeessaan akkas jechuun ibsa: Nyaata madaalamaan gosoota nyaataa garaagaraa kanneen albuudota nyaataa adda addaa armaan olitti baranne baay'inaa fi qulqullina barbaadameen of keessatti hammatu dha (fkn. Pirootiinota yookiin nyaata ijaaraa, nyaata anniisaa fi ho'a kenu (carbohydrate), albuudota (minerals) fi vaayitaaminota). Nyaatni madaalamaan qaamni namaa tajajila isaa sirriitti akka raawwatuu fi akka fayyaa ta'u kan gargaaru dha. Namni nyaata madaalamaa dhabe, rakkoo hanqina nyaataatiin ni miidhama. Namoonni rakkina hanqina nyaataa qaban ammoo salphaatti dhibeedhaan qabamuu ni malu; barachuun itti ni ulfaata, dandeettiin oomistummaa isaanii ni xiqlaata, galiiisaanii gad'aanaa ni ta'a; kana malees, daa'imman ulfaatina gad'aanaa qaban godhachuu yookiin da'uun ni malu. Daa'imman umriin isaanii waggaa lamaa gadi ta'e gareewwan nyaataa ja'an kanneen keessaa guyyaatti yoo xiqlaata afur soorachuu qabu.



Haala mijeessaan akkas jechuun gaafata: Garee nyaataa kamtu yeroo baayyee soorata keenya keessaa dhabama? Midhaan nyaata idilee, midhaan qolaa yookiin shiroo, kuduraalee, fuduraa, nyaata bu'aa beelladaa moo cooma? *Haala mijeessaan gareewwan nyaataa gabatee keessatti argaman hirmaattotatti agarsiisaa qabxiwwan kanneen irratti maryachiisa. Kana malees, gosooni nyaataa kanneen akka aannanii, killee, boloqqeewwn, fuduraa fi muduraaleen albuudota nyaataa qaamni keenya barbaadu kanneen kennan ta'uun n ibsa.*

Xiinxalli gatii nyaataa aanaalee pirojektichi keessatti raawwatamaa jiru keessatti qorannoo adeemsiseen nyaataawwan kanneen akka killee, aannan, boloqqeewwn, qoosxaa, fuduraa fi raafuu gurmaachi maddeen albuudota nyaataa baa'yee barbaachisoo ta'uudhaan addaan baafamaniiru. Adumaan immoo, aannanii fi killee soorachuun gatii salphaadhaan /rakasaan/ nyaata madaalamaa argachuudhaaf bu'a qabeessa ta'ee argamee jira. Kanaafuu, maatiwwan nyaata isaanii keessatti aannanii fi killee ida'uun soorachuun barbaachisaa dha.

Nyaatni madaalamaan Itoophiyaa keessatti maatii nyaata gosa adda addaa soorachaa jiru suura armaan gadii irratti agarsiifame fakkaachuu ni mala. *Haala mijeessaan suura nyaata madaalamaa yookiin gosa nyaata garaagaraa itti ni agarsiisa* (Meeshaa Deeggarsaa 2).

Meeshaa Deeggarsaa Hojii 2: Maatii Itoophiyaa nyaata madaalamaa sooratu



Madda: CRS. 2019. Establishing and growing a productive garden: BOQONNA plans.

Yaadachiisa haala mijeessaadhaaf: Hirmaattotatti akkas jechuun ibsa godhiif, “maddeen albuuda nyaataa gatii salphaa yookiin rakasaan argaman” yommuu jennu nyaatawwan kunneen gatiin isaanii rakasa jechuu keenya miti. Kan jechuu barbaanne nyaatawwan kunneen albuudota nyaataa barbaachisoo ta'an baayyinaan of keessatti qabachuudhaan nyaatawwan kanneen biroo gatiin isaanii mi'aa ta'e irra filatamoo ta'uu isaanii akkasumas nyaatawwan kunneen soorata keenya keessatti dabaluudhaan albuudota nyaataa qaama keenyaaf baayyee barbaachisoo ta'an nyaatawwan kanneen biroo yoo sooranne caalaa daran gatii salphaa ta'een argachuu ni dandeenya jechuu keenya.

Haala mijeessaan akkas jechuun ibsa: Namni hundinuu nyaata madalamaa nyaachuun waan jajjabeeffamuu qabu haa ta'uuyyu malee, namoonni tokko tokko fedhii albuudota nyaataa adda ta'e qabaachuu waan malanuuf, maaddiin nyaataa namoota hundaa garaagarummaa qabaachuu ni danda'a. Daqiiqa muraasa fayyadamuudhaan fedhii nyaataa addaa miseensota maatii garaagaraa ni ilaalla.

Meeshaa Deeggarsaa 3: Soorata guutuu daa'imman ji'a 6-24²

Haala mijeessaan akkas jedha: Daa'imman umriin isaanii amma ji'a 6 guutuutti aannan harma haadhaa qofa kennuufii qabna. Yeroo ji'a 6 guutan garuu nyaatawwan kanneen akka marqaa lallaafaa, aannan loonii, cuunfaa kuduraa fi muduraa nyaachisu eegaluu qabna. Marqaan daakuu midhaan callaa yookiin midhaan hiddaa, boloqqeewwan kan killee fi annan waliin makame irraa qophaa'uu ni danda'a. Umrii ji'a 6-8tti, daa'imman suuta suutaan baay'inni soorata isaanii waan guddatuuf, haga marqaa shiinii 2, annan loonii shiinii 1 fi cuunfaa kuduraa fi muduraa shiinii 2-3 soorachuu ni danda'u. Daa'imman umriin isaanii guddachaa yeroo deemu, baayyinni isaan nyaatawwan kanneen irraa sooratan hanga tokko dabalaa adeema (akkuma agrsiisa sirna nayaata daa'ima ji'a 9-12 irraa mul'atutti jechuu dha). Ji'a 12 -24tti, daa'imman nyaatawwan harka caalaa soorachuu akkasumas nyaatawwan idilee maatiin sooratan kanneen akka foonii, killee fi kuduraawwanii jalqabsiisuun barbaachisaa dha.

Yaadachiisa haala mijeessaadhaaf: *Dhimmoonni gad-fageenyaan waa'ee daa'imman waggaa lamaa gadii ilaallatan yoo barbaachisan akka odeeffannoo dablataatti armaan gaditti dhiyaataniiru. Tokkoon tokkoon isaanii irratti xiyyeffachuun barbaachisaa miti, garuu yoo barbaachisaa ta'an qofaa fayyadamuun ni dada'ama.*

2. Sustainable Undernutrition Reduction in Ethiopia (SURE). 2015. *Training Manual on Infant and Young Child Feeding (IYCF) and Nutrition Sensitive Agriculture (NSA)*. Ethiopia Ministry of Health and Ministry of Agriculture and Natural Resources. Page 31.

Umrii daa'imaan	Guyyaatti hagam akka soorachuu qabu
Umrii ji'a 6-8 	<ul style="list-style-type: none"> ■ Marqaa furdaa fi laafaa soorata yeroo 2 haga 3tti qoodame. Yeroo nyaataa tokkotti fallaana 2-3 fayydamuun suuta suutan guyyatti shiinii bunaa xiqqoo 2 taasisaa. ■ Dabalataan eeggachiiftuu 1 ykn 2 kan cuunfaa fuduraa yookiin muduraa bilchaataa irraa qophaa'e, fakkeenyaaaf, maangoo walakkaa, abokaadoo xiqqaa tokko yookiin mixaaxisa xiqqaa qolli isaa keeloo ta'e. ■ Aannan loonii: Shiinii bunaa xiqqoo 1 (guyyaatti) ■ Aannan harmaa ammoo yeroo barbaachiseetti guutummaa guyyatti, aannan finjaala bunaa xiqqaa 1, muduraa caccabsame fi kuduraawwan bilchaataa fallaana 2-3, guyyaatti aannan harmaa fi eeggachiistuu yeroo 2-3 <p>*Shiinii bunaa = miiliiliitira 50 (50ml)</p>
Umrii ji'a 9-12 	<ul style="list-style-type: none"> ■ Marqaa furdaa fi laafaa shiinii bunaa 3-4 guyyaatti soorata yeroo 3 haga 4tti qoodame, dabalataan eeggachiiftuu 1 ykn 2 kan cuunfaa fuduraa yookiin muduraa bilchaataa irraa qophaa'e ■ Aannan loonii: Shiinii bunaa xiqqoo 1 ■ Aannan harmaa yeroo barbaachiseetti guutummaa guyyatti
Ji'a 12-24 	<ul style="list-style-type: none"> ■ Nyaata idilee (foon, killee, kuduraalee) yookiin guyyaatti marqaa shiinii bunaa xixiqa 4 yeroo soorataa 3 haga 4tti qoodame, dabalataan eeggachiiftuu 1 ykn 2 kan cuunfaa fuduraa yookiin muduraa bilchaataa irraa qophaa'e ■ Aannan: Shiinii bunaa xixiqa 2 ■ Aannan harmaa yeroo barbaachiseetti guutummaa guyyatti

Meeshaa Deeggarsaa Hojii 4: Akkataa soorata dubartii ulfaa fi hoosiftuu



- **Dubartiin ulfaa** lubbuu guddachaa jiru of keessaa qabdi; kanaafuu, daa'imni sirriitti guddachuu mirkaneessuudhaaf akkasumas ofii isheetii fayyummaa fi ciminni ishee akka eegamuuf, anniisaa caalaa fi qabiyjee nyaataa gosa garaagaraa (kanneen akka foolik asiidii, kaalshiyeemii, ayoodiinii, vaayitaamin D, aayiranii, fi faatii gaarii) ishee barbaachisa. Dubartiin ulfaa fayyaa fi ciminni ishee akka eegamuuf, guyyaatti nyaata madaalamaa tokko dablataan argachuu ishee barbaachisa.
- **Dubartiin ulfaa dubara dardara/ol'adeemtuu** albuudota nyaataa addaa ishee barbaachisa, sababiinsaa ofii isheetiyyuu guddina irra waa jirtuuf. Kanaafuu, nyaataawwan dabalataa kanneen anniisaa, ijaarsa/pirootiinii fi albuudota nyaataa xixiqqoo (micronutrients) kennan argachuu qabdi.
- **Dubartiin harma hoosisiftu** soorata anniisaa, faatii, albuudota nyaataa xixiqqa (micronutrients) fi pirootiinii caalmaatti dabaluudhaan oomisha aannan harmaa mirkaneessuu qabdi. Aannan harma haadhaa nyaata nageenyi isaa sirriitti eegamee fi haala salphaadhaan argamu daa'immaniif albuudota barbaachisan mara ji'oottan 6 jalqabaa keessa kennuu danda'u dha. Dubartiin hoosiftun nyaata dabalataatiin wal cina harma ishee haga wagga 2tti hoosisu qabdi. Aannan harmaa sirriitti madduudhaaf bishaan baay'ee barbaachisa; kanaafuu, dubartoonni ulfaa yeroo soorataa fi gidduu sooratwwaniitti bishaan dhuguu dabaluun isaanii barbaachisaa dha. Kana malees, yeroo harma hoosiftutti fayyummaa fi jabina ishee fi daa'ima ishee eeguudhaaf, guyyaatti nyaata dabalataa lama ishee barbaachisa.
- **Dubartiin hoosiftuun umrii dubara dardaraa** ammoo, kanneen umriidhaan ga'eessa ta'an caalaatti albuudota nyaataa baay'inaan ishee barbaachisa.

GULANTAA 4: SHAAKALA MAADDII NYAATAA

Seensa shaakalaa kennuu

Haala mijeessaan akkas jechuun ibsa: Miseensonni maatii adda addaa waqtii ammaa waan akkamii soorachaa akka jiranu ni ilaalla; itti aansuudhaanis, gosa nyaataa sana akkamitti madaalawaa gochuun akka danda'amu irratti ni mariyanna. *Haala mijeessaan agarsiisa yookiin ibsa fakkii yookiin suura maaddii/shaanii nyaataa/ fi nyaata gosa adda addaa fayyadamuudhaan miseensonni hawaasaa maaddii nyaataa daa'imman ji'a 18 fi dubartii ulfaa akka xiinxalan ni gargaara.*

Maaddii nyaataa daa'ima ji'a 18 qopheessuu

Haaala mijeessaan fakkii shaanii duwwaa fi daa'ima umriin isaa ji'a 18 miseensotatti ni agarsiisa.



Haala mijeessaan akkas jechuun gaafata: Waggaan kana keessatti daa'imni tokko guyyaa guyyatti maal soorata/tti?

Maqaan gosoota nyaataa yeroo caqafamu, haala mijeessaan fakkii isaanii tokko tokkoon shaanii labbadamaa sana irra kaa'a. Erga nyaata daa'imni ji'a 18 waggaan kana keessatti guyyaa guyyaatti nyaatu irra kaa'ee booda, haala mijeessaan kanneen armaan gadii gaafata:



Garee nyaata kamfaatu baay'inaan argama? Garee nyaataa kamfaatu hanqate?
Gareewwan nyaataa argamuu hin dandeenye yeroo caqasaman, haala mijeessaan fakkeenyaa nyaataawwan kanneenii cina shaanii yookiin meeshaa diriiraa sanaa ni kaa'a. Shaani irra garuu hin kaa'in.



Nyaataawwan shaanii yookiin maaddii nyaataa sana irratti hin argamne itti dabaluudhaan maaddii sana daa'ima ji'a 18f madaalamaa taasisuudhaaf maallaqa hagam nama gaafata? Aannanii fi killeen gosoota nyaataa albuudotaan badhaadhan fi gatii salphaadhaan argaman ta'uun isaanii hirmaattota yaadachiisi.

Maaddii nyaataa dubartii ulfaa qopheessuu



Haala mijeessaan fakkii shaanii labbadamaa/haguugamaa/isa 2ffaa fi fakkii dubartii ulfaa itti agarsiisa.

?
Haala mijeessaan akkas jechuun gaafata: Waggaan kana keessatti, dubartiin ulfaa guyyaa guyyatti maal sooratti?

Maqaan gosoota nyaataa yeroo caqafamu, haala mijeessaan fakkii isaanii labbadamaa tokko tokkoon shaanii yookiin meeshaa diriiraa sana irra kaa'a. Erga nyaata dubartiin ulfaa guyyaa guyyaatti soorattu irra keessee booda, haala mijeessaan gaaffiwwan armaan gadii akka addaan baasanuuf ni gaafata:

?
Garee nyaata kamfaatu baay'inaan argama?
?
Garee nyaataa kamfaatu hanqate? Gareewwan nyaataa argamuu hin dandeenye yeroo caqafaman, fakkeenyaa nyaataawwan kanneenii waggaan keessatti waqtii ammaa kana argaman cina shaanii kaa'i. Shaanii irra garuu hin kaa'in.

?
Nyaataawwan shaanii yookiin maaddii nyaataa sana irratti hin argamin hafan itti dabaluudhaan maaddii sana dubartii ulfaaf madaalamaa taasisuudhaaf maallaqa hagam nama gaafata? Aannanii fi killeen maddeen nyaata madaalamaa kanneen gatiin isaanii salphaa ta'an keessaa ta'uu isaanii haala mijeessaan hirmaattota yaadachiisuu qaba.

Rakkoo jiru hubachuu

Haala mijeessaan hirmaattonni shaanii yookiin maaddii nyaataa lamaam armaan olii akka ilaalnu taasisuudhaan gaaffiwwan armaan gadiif deebii akka kennanuuf ni gaafata:

?
Nyaataawwan dabalataa hanqatan kanneen waggaan kana keessatti dhiheessuudhaaf gufuwwan jiran maalfaa dha?
?
Guutummaa waggaan keessatti nyaataawwan hanqatan kanneen dhiheessuu danda'uudhaaf tarkaanfii akkamii fudhachuu dandeessu?

Hojii manaa

Haala mijeessaan akkas jedha: Daa'imman wagga 5 gadii fi dubartoota ulfaa yookiin kanneen harma hoosisan gosoota nyaataa isaan sooratan ilaala. Waan guyyaa har'aa irratti mariyanne irraa adda waan ta'e addaan baasuun yaadannoo qabadhaa.

Haala mijeessaan qabxiwwan ijoo 3n kutaa barumsa kana goolaba:

- Nyaatni madaalamaan nyaata gosa garaagaraa qabiyyeewan albuudotaa qaama namaaf barbaachisan adda addaa keessatti hammata
- Miseensonni maatii adda addaa fedhii qabiyyeewan nyaataa qaama namaaf barbaachisan garaagaraa qabu. Daa'imman wagga 2 gadii garee nyaataa ja'an keessaa afur soorachuu qabu.
- Nyaata madaalamaa misseensota maatii adda addaatiif haala gahaadhaan dhiheessuudhaaf gosoota nyaataa tokko tokko bituun yookiin ammoo midhaanota ooyiruu keessan keessatti oomishuu qabdan jijiiruun barbaachisaa ta'u ni mala.

Yaadachiisa haala mijeessaadhaaf: *Barumsa gara fuula duraatti itti fayyadamuudhaaf gabatee yookiin maaddii nyaataa suura kaasuu hin dagatin.*

BOQONNAA 2: KALAANDARII WAQTAAWAA: NYAATAA FI DHANGALA'A MAALLAQAA

KAAYOO

Guutummaa waggaa keessatti haala soorata nyaataa fi dhangala'a maallaqaa akkasumas dhiibbaa isaan nyaata madaalamaa soorachuu danda'uu irratti qaban addaan baasanii hubachuudhaaf.

MEESHAALEE DEEGGARSAA

- Meeshaalee deeggarsa hojii 1,5 fi 6
- Waraqaa gaggaragalu yookiin filiip chaartii (Flipchart paper)
- Maarkarii
- Kalaandarii waqtii nyaataa labbadamaa gargalcha (copy) 1
- Kalaandarii waqtii maallaqaa labbadamaa gargalcha (copy) 1
- Barreefama dhimma Baraarsa Fayyaa Hawaasaa irratti hundaa'uun qophaa'e (document on community-based health insurance (CBHI) sheme)

YEROO/TURTII

Daqiqaa 90

Yaadachiisa haala mijessaadhaaf: Barumsa gara fuula duraatti itti fayyadamuudhaaf waraqaa gaggaragaltuu yookiin filiip chaartii ol kaa'uu hin dagatin.

MEESAHAALEE DABALATAA

- CRS (2019) *Qonna Mandubee Oomishtummaa Guddisu Ijaaruu: Karoora Barnootaa*
- Barnoota Maallaqaa Jildii 2 (*Financial Education Booklet 2*)

GULANTAA 1: SEENSA BARUMSICHAAN

Yaadachiisa haala mijessaadhaaf: Haala aadaa naannoo irratti hundaa'uudhaan, shaakalli kun garee saala tokko qofaa qabateen hojjetamuun ni mala. Yoo akkas ta'e, garee lama ijaari/uumi. Gareen tokko dhiira qofa kan biraan ammoo dhalaa qofa kan ta'e. Tokkoon tokkoon garee kaalaandarii waqtii nyaataa fi maallaqaa isaanii akka dhiyeessan taasisi. Wal fakkeenyaa fi garaagarummaa lamaan isaanii gidduu jiru gaafadu. Garaagarummaan maaliif akka jiraachuu danda'e gaafadhu.

Haala mijessaan akkas jedha: Kalaandariin waqtaawaa waggaa keessatti wantoonni waqtii irratti hundaa'uudhaan hagam akka jijiiraman hubachuuf isin gargaara. Jijiiramni kenneen jijiirama galii yookiin baasii, gosa nyaataa isin soorattanuu, hojiiwyan qonnaa garaagaraa yoom akka raawwattan, yeroo dhibeen baay'inaan mul'atu fi kan biroo ta'uu ni malu.

? Hojjetaan Dirree SILC shaakala waa'ee guutummaa waggaa keessatti galii fi baasiin yoom akka uumamu ilaallatu isinii wajjin yoom akka hojjete eentyu yaadata? Shaakalli sun kan kalaandarii waqtii maallaqaa ture.

? Shaakala waggaa keessatti maal akka nyaattan akka ilaaltan kan isin gargaaruu fi kutaa barnoota qonna manduubee kan ture yoom dadammaqsituu hawaasaa (CA) waliin akka hojjettan eentyu yaadachuu danda'a? Shaakalli sun kan kalaandarii waqtii nyaataa ture.

Haala mijessaan akkas jedha: Nyaataawan albuudaan badhaadhoo ta'an dabalataan oomishuudhaaf galteewwan nu gargaaran yookiin nyaataawan dabalataa kanneen gabaa irraa galii keenya fayyadamnee yoom bituu akka qabnu hubachuudhaaf, beekumsa shaakalawwan lamaan kanneen irraa arganne fayyadamna.

Shaakalli kalaandarii waqtii maallaqaa yookiin kan waqtii nyaataa hin hojjetamne yoo ta'e, yookiin ammoo hirmaattonni yaadachuu hin dandeenyeyo ta'e, shaakalawwan kanneen garee waliin hojjedhu. Shaakalawwan kanneen Barumsa Qabaa Maallaqaa kutaa 1 barnoota 1 akkasumas Qonna Manduubee Oomishtummaa Guddisu Ijaaruu kutaan 1 jalatti kennamaniiru.

GULANTAA 2: SHAAKALA KAALAANDARII WAQTII NYAATAA

Haala mijeessaan akkas jechuun ibsa: Odeeffannoo kaalaandarii waqtii maallaqaa fi nyaataa ammaan dura hojenne fayyadamuudhaan mee waliin haa shaakallu. "Mee amma haala soorata nyaataa fi baasii nyaataa keenyaa gad-fageenyaan haa ilaallu. *Shaakala kanaaf qajeelfama argachuudhaaf, haala mijeessaan Meeshaa Deeggarsaa 5 kalaandarii waqtii nyaataa labbadamaa sana fayyadamaa. Hirmaattonni qabxiwwan armaan gadii akka hubachuu danda'anuuf gargalcha meeshaa Meeshaa Deeggarsaa 5 filiip chaartii irratti qopheessi:*

- *Soomni ji'oottan kamfaa keessa akka soomamu*
- *Waqtiiwwan adda addaa waggaa keessatti nyaata gosa kamfaan akka nyaatamanu*
- *Waqtiiwwan waggaa adda addaa keessatti madddeen nyaataa maalfaa akka ta'an*
- *Gatiwwan nyaataa waqtiiwwan waggaa adda addaa keessatti mul'atan*

Yaadachiisa haala mijeessaadhaaf:

Misoomaawaa (SSNM) keessa jiranuu fi kanneen baay'inni miseensota maatii isaanii haga nama shan ta'u, tokko tokkoon isaanii waggaa keessatti ji'oottan ja'aaf (Amajjii – Waxabajjii) wantoota armaan gadii argatu

- Qamadii kiloogiraama 15
- Midhaan qolaa/shiroo kiiloogiraama tokkoof walakkaa (1.5)
- Zayita liitira walakkaa (0.5)

Haala mijeessaan hirmaattota irraa galteewwan Meeshaa Deeggarsaa 5 guutuudhaaf barbaachisan argachuudhaaf, gaaffiwwan armaan gadii fayyadama. Fakkeenyaa Meeshaaa Deeggarsa 5 armaan gaditti guutame ilaalaa.

 Haala mijeessan kanneen armaan gadii gaafata:

1. Waqtiiwwan qonnaaf mijatan isaan kamfaa dha? Ji'oottan kamfaa keessatti argamu?
2. Waggaa kana keessatti soomni ji'oottan kamfaa soomama?
3. Tokkoon tokkoon garee nyaataaf gaaffii armaan gadii gaafadhu:
 - Maatiin keessan garee nyaata kana keessaa kamfaa sooratu? Haala mijeessaan nyaataawwan caqasaman Meeshaa Deeggarsaa 5 irratti tarreessa.
4. Tokkoon tokkoon nyaataa armaan olitti tarreeffamaniif haala mijeessaan gaaffiwwan armaan gadii gaafata:
 - Wagga keessatti yeroo akkamii maatiin keessan nyaata kana baay'inaan yookiin xiqqenyaan soorata? *Haala mijeessaan, yeroo baay'inaan argamu mallattoo XXX dhaan akkasumas yeroo xiqqenyaan argmau ammoo X dhaan addaan baasa. Ji'a jedhame keessatti nyaatichi hin sooratamu yoo ta'e bakka duwwaatti dhiifama.*
 - Wagga keessatti ji'oottan kamfaa keessa nyaata kana oomisha manaa irraa argattu? *Haala mijeessaan tarreewan kanneen keessatti "OM" barreessa.*
 - Wagga keessatti ji'oottan kamfaa keessa nyaataa kana gabaa irraa argattu? *Haala mijeessaan tarreewan kanneen keessatti "G" barreessa.*
 - Waggaak keessatti ji'oottan kamfaa keessa nyaata kana SSNM (PSNP) irraa argattu? *Haala mijeessaan toora kanneen jalatti SSNM jedhaa barreessa.*
 - Wagga keessatti ji'oottan garaagaraatti gatiin nyaata kanaa hagami dha? *Haala mijeessaantilmaama gatii nyaataa fi safartuu ittiin bitamu tokkoon tokkoon tarree keessatti barreessa (Qarshii/safartuu)*

Meeshaa Deeggarsaa Hojii 5: Fakkeenya Kalaandarii nyaataa guutame

Waqtii	Gogiinsaa/bona			Arfaasaa			Rooba/Ganna		Sassaabbi gara Jalqabaa		Sassaabbi gara Boodaa	
Ji'oota	Ama	Gur	Bit	Eeb	Caam	Wax	Ado	Hag	Ful	Onk	Sad	Mud
Sooma												
Midhaan callaa, midhaan hiddaa fi hundee												
Boqqolloo	XXX	XXX	XXX	XXX	XXX	XXX	X	X	XX	XX	XXX	XXX
Madda (SSNM, OM, G)	PSNP	PSNP	PSNP	PSNP	PSNP	PSNP	M	M	P	P	P	P
Gatii (Qarshii/safartuu)	0	0	0	0	0	0						
Qamadii												
Madda												
Gatii												
Midhaan dheedhii yookiin Midhaan shiroo												
Boloqkee												
Madda												
Gatii												

GULANTAA 3: KALAANDARII WAQTII NYAATAA IRRATTI GABAASA DHIHEESSUU

Haala mijessaan gaaffiiwan armaan gadii gaafata:

- ?Nyaataawwan baay'inaan maatiin sooratan wagga keessatti yeroo akkamii oomishtu?
- ?Wagga keessatti yeroon isin itti garee nyaataa tokko tokko xiqqeentyaan nyaattan yookiin gonkumaa hin arganne ni jiraa? Deebiin keessan eeyyee yoo ta'e, maaliifi?
- ?Wagga keessatti yeroon isin itti nyaata irra jireessaan gabaa irraa bittan ni jiraa? Deebiin keessan eeyyee yoo ta'e, maaliifi?
- ?Yeroo nyaata isin barbaachisu baay'inaan gabaa irraa bittanutti, gatiin ol'aanaa dha moo gad-aanaa dha?

GULANTAA 4: UNKA KALAANDARII WAQTII MAALLAQAA GUUTUU

Haala mijeessaan akkas jechuun ibsa: Amma unka kalaandarii waqtii maallaqaa guutuuf deemna. *Shaakala kana hojjechuuf akka isa gargaarutti, haala mijeessaan Meeshaa Deeggarsaa 6 yookiin kalaandarii waqtii maallaqaa labbadamaa (uffifamaa) fayyadamuu qaba. Hirmaattonni qabxiwwan armaan gadii irratti hubannoo akka argatanuuf, Meeshaa Deeggarsaa 6 filip chaartii irratti garagalchi:*

- *Galii*
- *Baasiwwan hojii*
- *Baasiwwan maatii*

Haala mijeessaan aaffiwwan armaan gadii dabaree dabareedhaan ni gaafata. Miseensonni hawaasaa fakkeenya gosoota galii, madda galii fi baasiwwanii akka kennan erga taasisee booda gaaffiwan baasiwwan yookiin galiiwan kunneen ol'aanaa ta'u fi gad-aanaa ta'u isaaniin wal qabatan ni gaafata. Ol'aanaa isa ta'e mallaattoo XXX dhaan akkasumas xiqqaa ammoo mallattoo X dhaan addaan baafamuu qaba. Yoo galiin, qusannaan liqjin yookiin baasiin hin jirre bakka duwwaatti dhiisaa.

 Haala mijeessaan gaaffiwwan armaan gadii gaafata:

1. Maddeen galii keessan maalfaa dha? Wagga keessatti yeroo kamfaa galiin ol'aanaa yookiin gad-aanaa ta'a?
2. Wagga keessatti yeroo kamfaa qusannoon keessan ol'aanaa yookiin gad-aanaa ta'a?
3. Wagga keessatti yeroo kamfaa liqjin keessan ol'aanaa yookiin gad-aanaa ta'a?
4. Wagga waggaatti baasiwwan hojii keessan kanneen gurguddoon maalfaa dha? Wagga keessatti yeroo kamfaa baasiin hojii keessan ol'aanaa yookiin gad-aanaa ta'a?
5. Wagga waggaatti baasiwwan maatii keessan kanneen gurguddoon maalfaa dha? *Sirrtii dhageeffachuun tokkoon tokkoon baasii gurguddoo maatii isaanii gaafadhu. Baasii nyaataaf, tokkoon tokkoon garee nyaataa ilaachisuun gaafadhu.*
 - a. Wagga keessatti yeroo kamfaa baasiin nyaataa ol'aanaa/gad-aanaa ta'a?
 - b. Wagga keessatti yeroo kamfaa baasiin mana barnootaa ol'aanaa/gad-aanaa ta'a?
6. Wagga keessatti yeroo kamfaa dhukkubni baay'ata yookiin xiqqaata? Wagga keessatti yeroo kamfaa baasiwwan wal'aansa dhukkubaa ol'aanaa/gad-aanaa ta'u?
7. Wagga keessatti yeroo kamfaa _____ (baasiwwan biroon) ol'aanaa/gad-aanaa ta'u?

Meeshaa Deeggarsaa Hojii 6: Fakkeenya kaalaandarii waqtii maallaqaa

guutame

Waqtiiwan	Gogiinsaa/bona			Arfaasaa			Rooba/ Ganna		Sassaabbi gara Jalqabaa		Sassaabbi gara Boodaa	
Ji'a	Ama	Gur	But	Eeb	Caam	Wax	Ado	Hag	Ful	Onk	Sad	Mud
Galii		XXX	XX								XX	XX
Qusannoo	XXX	XXX	XX						X	X	X	X
Liqii												
Baasiwwan hojii												
Baasiwwan maatii												
Gareewwan Nyaataa												
Midhaan Idilee (midhaan callaa, midhaan hndee/ midhaan hiddaa/	X	X	X	X	XX				XX	XX		
Midhaan dheedhii yookiin shiroo												
Nyaata bu'aa beelladaa												
Kuduraa fi muduraa												
Kuduraa fi muduraa												
Barnoota												
Wal'aansa fayyaa												
Baasiwwan maatii biroo												

GULANTAA 5: KALAANDARII WAQTII MAALLAQAA KALAANDARII WAQTII NYAATAAWALIIN WAL-CINA QABUUN GABAASUU

 Haala mijeessaan akkas jechuun gaafata:

1. Ji'oottan wagga keessaa kamfaatti baasiwwan nyaataa ol'aanaa ta'u? Kun odeeffannoo kaalaandarii waqtii nyaataa keessatti kennamee waliin wal simataa? (Jechuun, baasiwwan nyaataa ol'aanaa kan ta'an yeroo nyaatni gatii mi'aadhaan baay'inaan gabaa irraa bitamu dhaa?).
 - Yeroon kun wagga keessatti yeroo isin galii guddaa qabdan moo galii xiqqaa qabdani dha?
 - Yeroon kun wagga keessatti yeroo isin baasiwwan gurguddaa qabdan moo xixiqqaa qabdani dha?
2. Wagga keessatti yeroo isin garee nyaataa tokko tokko irraa xiqqoo argattan yookiin ammoo tasumayyuu hin argannetti, haalli galii, qusannoo fi baasiwwanii maal fakkaata (ol'aanaa, giddu-galeessa, gad-aanaa)?
3. Maatiin keessan guyyaa guyyaatti nyaata madaalamaa soorachuu dada'uu isaanii ilaachisee kalaandarriiwan waqtii kenneen maal isinitti agarsiisu

Haala mijeessaan deebiwwan kanneen armaan gadiin wal fakkaatan isaan irraa ni dhaggeeffata: Yeroo nyaataawwan tokko tokko gabaa irraa bituun nu barbaachisutti, gabaa irraa baay'ee mi'aa ta'u isaa irraa kan ka'e bituun baay'ee ulfaata. Tarii nyaata qindeessuudhaan yeroo dheeraa kuusu barbaachisa. Tarii ammoo teeknoolojiiwan kuusaa fayyadamuudhaan nyaata kuusnee booda gatii ol'aanaatti gurguruun barbaachisaa ta'u mala. Nyaata madaalamaa wagga guutuu soorachuu hin dandeenye, kanaaf maal gochuu dandeenya?

GULANTAA 6: BARAARSA (INSHUURAANSII) FAYYAAILAALCHA KEESSA GALCHUU

Haala mijeessaan akkas jechuun ibsa, "Amma wagga keessatti waa'ee nyaataa fi maallaqaa maal akka fakkaatuu fi nyaata madaalamaa argachuu ilaalchisee dhiibbaa isaan qabaachuu danda'an ilaalleerra, mee ammammo daqiqaa muraasa fudhachuudhaan dhibeewwan/dhukkuboони/ maddeen maallaqaa fi argama nyaata madaalamaa irratti dhiibbaa isaan qaban haa ilaallu. Shaakala keenya yeroo darbee waa'ee waqtii maallaqaa keessatti wa'ee baasiwwan wal'aansa fayyaa ilaallee turre.

Haala mijeessaan toora baasiwwan wal'aansa fayyaa kalaandarii waqtii nyaataa (Meeshaa Deeggarsaa 6) irraa itti agarsiisuudhaan gaaffiwwan armaan gadii gaafata:

 Baasiwwan wal'aansa fayyaatiin wal qabatan akkamitti maallaqa keessan isin wagga tokkoof fayyadamtan irratti dhiibbaa umuu danda'u? Dandeettii dhihessii nyaata madaalamaa keessanii irratti dhiibbaa ni geessisuu?

Haala mijeessaan akkas jedha: Dhiibbaa baasiwwan wal'aansa fayyaa hir'isuuf tooftaan tokko Baraarsa yookiin Inshuuraansii Fayyaa Sadarkaa-Hawaasaa mootummaa irraa argamu fayyadamuu dha.

 Baraarsa yookiin Inshuuraansii Fayyaa Sadarkaa-Hawaasaatti namni haga yoonaa kaffalee beeku jira?

Deebiin eeyyee yoo ta'ee, haala mijeessaan hirmaattota kanneen muuxannoo isaanii waa'ee Inshuuraansii Fayyaa Sadarkaa-Hawaasaa gareedhaaf akka qoodanuuf gaafauudhaan yaadawwan kanneen armaan gadiin wal-fakkatan hirmaattota irraa ni dhaggeeffata:

- Insguuraansii taajaajila wal'aansa fayyaa bu'uuraa hunda haguugu fi kan sadarkaa buufata fayyaatti kennamu dha.
- Hoospitaala mootummaa fi hoospitaala rifeeraalaa keessaati tajaajilawwan kanneen akka ciisanii fi deddeebi'anii wal'aanamu ni kenna.

Haala mijeessaan akkas jedha: Kalaandarii waqtii maallaqaa irraa akka mul'atutti, kaffaltiin tajaajila wal'aansa fayyaa wagga guutuu raawwatama; haa ta'u malee, _____ keessatti baay'ee ol'aanaa dha.

 Tokkoon tokkoon wagga keessatti wal'aansa fayyaatiif akkamitti kaffaluu qabdu jettanii yaaddu?

Inshuuraansiin Fayyaa Sadarkaa-Hawaasaa (CBHI) maatii tokkoof waggaatti Qar. 250 fi tokkoon tokkoon miseensa maatii wagga 18 ol ta'eef ammoo Qar. 48 kaffalchiisa.

Yaadachiisa haala mijeessaadhaaf: Kaffaltiin Inshuuraansii Fayyaa Sadarkaa-Hawaasaa (CBHI) kan maatiin wal'aansa fayyaaf baasu irra gad'aanaa yoo ta'e, hirmaattonni dhimma kana irratti xiyyeffannoo akka godhan taasisi. Wal-qixa yookiin muraasa caalmaa qaba yoo ta'e ammoo, kaffalticha guutummaa wagga kalaandarii waqtii maallaqaa irra bittineessuu/tamsaasuu danda'uu isaaniitti xiyyeffannoo kenni. Kana malees, abbootiin warraa baajata wal'aansa fayyaa isaanii keessatti Inshuuraansii Fayyaa Sadarkaa-Hawaasaatiif akka ilaalcha keessa galchan taasisi.

Hojii manaa

Haala mijeessaan akkas jedha: Miseensota maatii keessanii waliin waa'ee baasiwwan maatii keessanii mariyadhaa. Baasiwwan barbaachisaa hin ta'in ni jiruu? Qarshiin baasii sirrii hiun taane irratti ba'e kun hanqina nyaata madaalamaa guutuu ni malaa?

Qabxiwwan ijoo

- Oomisha, gabaa irraa argamuu fi gatii midhaanii irratti hundaa'uudhaan, haalli soorata nyaataa waggaa keessatti garaagarummaa qaba
- Dhangala'i maallaqaa guutummaa waggaa keessatti addaa addummaa qaba, kun ammoo maal akka raawwannuu fi maal akka bituu dandeenyu irratti dhiibbaa qabaata. Yeroon maatiin nyaata madaalamaa bituuf kan isaan gargaaru qarshii dhaban ni jira. Baasiwwan barbaachisummaa hin qabne hir'isuun yookiin hambisuudhaan maatiin nyaata madaalamaa akka bituu danda'anuuf isaan gargaara.
- Maatiin nyaata madaalamaa akka sooratanuuf isaan deeggaruudhaaf, maallaqaa fi haala soorata nyaata keenyaa sirriitti hubachuudhaan karoorfachuu qabna.

Haala mijeessaan akkas jedha: Barumsa keenya yeroo itti aanuutti, nyaata madaalamaa gosoota nyaataa qaama keenyaaf fayyadan garaagaraa of keessatti qabatuuf akkamitti akka karoorsinu walii wajjin baranna.

Yaadachiisa haala mijeessaadhaaf: Barumsa 3 itti annu keessatti irra deebitee qopheessuuf akka si gargaaruuf, kalaandarii waqtii nyaataa fi maallaqaa suura kaasuu hin dagatin.

BOQONNAA 3: NYAATA MADALAMAADHAAF GALMAA FI KAROORA QOPHEESSUU

KAAYYOOWWAN

1. Galma/kaayyoo nyaata madaalamaa fooyya'ee addaan baasuu.
2. Galma nyaata madaalamaa bira ga'uuf karoora fi baajata barbaachisu qopheessuu.

MEESHAALEE DEEGGARSAA

- Meeshaa Deeggarsaa 7haga 10
- Kobbbee yookiin qalama fi waraqaa/yaadannoo
- Shaanii yookiin maaddii labbadamaa, fakkenya gosoota nyaaataa, kalaandarii waqtii nyataa fi maallaqaa guutame

QOPHEESSUU

- Suuraawwa maaddii yookiin shaanii nyaataa barumsa 1 irratti garee kanaan hojjetame fayyadamuudhaan shaanii nyaataa labbadamaa qopheessi.
- Gara barumsa kanaa dhufuun dura, kalaandarii waqtii nyaataa fi maallaqaa kutaa barumsaa 2 keessatti qophaa'ee sassaabuun gara barumsa kanaatti fidi.

YEROO/TURTII

Daqiqa 90

MEESAHAALEE DABALATAA

- CRS (2019) *Qonna Mandubee Oomishtummaa Guddisu Ijaaruu: Karoora Barnootaa.*
- Barnoota Maallaqaa Jildii 2 ([Financial Education Booklet 2](#))

Barumsa qabaa maallaqaa yookiin faayinaansii keessatti, galma bu'uressuuf yaada barumsa 2 wabii godhadhaa; akkasumas waa'ee galiiwanii, baasiowanii fi baajata qopheessuu hubachuudhaaf ammoo barumsa 3 wabeeffadhaa.

GULANTAA 1: SEENSA BARUMSICHAAN

Haala mijeessaan akkas jechuudhaan ibsa: Barumsa keenya yeroo darbee keessatti, yeroon nyaatawwan qabiyyeen albuuda isaanii ol'aanaa ta'e gabaa irraa bituun nu barbaachisu akka jiru hubannee turre. Haa tau malee, yeroo akkasi kanatti galiin gad'aanaa waan ta'eef yookiin ammoo baasiiwan ol'aanaa waan ta'anuuf bituun ulfaataa ta'uusaa hubanneerra. Kana malees, barumsa keenya boqonnaa 1 keessatti qabiyyeewan/albuudonni nyaataa adda addaa daa'immaniif (ji'oota 6-23), dubartoota ulfaa fi hoosiftootaaf akkasumas dubara dardaraaf akka barbaachisanuu fi albuudota kanneen guutuu dadhabuun daa'imman miidhuudhaan rakkina umurii guutuu isaan irratti fiduu akka danda'u barannee turre. Kutaa barumsaa kana keessatti, nyaata madaalamaan ji'oottan adda addaa keessatti maallaqa hagamiin akka guutamuu danda'u ni herregna, akkasumas kaayyoowwan nyaata madaalamaa argachuuf nu gargaaran ni qopheessina. Kana malees, gosoota nyaataa tokko tokko kanneen albuudota nyaataa qaama keenyaaf barbaachisan gosoota biroo irra caalaa gatii salphaadhaan nu kennuu danda'an barannee turre.

Maaddii nyaataa

 Haala mijeessaan akkas jechuun gaafata: Gosoota nyaataa gatii salphaadhaan albuudota nyaataa qaama keenyaaf barbaachisan baay'inaan nuuf guutan eenyutu yaadata? *Haala mijeessaan deebiiwan kanneen akka aannan, killee, boloqqeewwn, raafuu gurraachaa fi salaaxaa hirmaattota irraa dhaggeeffachuudhaan keessumaa ammoo aannanii fi killeen gosoota nyaataa biroo caalaa qarshii xiqlaadhaan fedhii albuudota nyaataa baay'ee guutuu danda'uu isaanii ni hubachiisa.*

Haala mijeessaan maaddii/shaanii nyaataa boqonnaa 1 keessatti qophaa'e hirmaattotatti agarsiisuudhaan maal akka ilaalan akka ibsanuuf isaan ni gaafta. Miseensonni hawaasaa daa'imni ji'a 18 fi dubartiin ulfaa maal akka sooratanuu fi gosooni nyaata kamfaan akka hanqatan ibsuu qabu.

Kalaandarii nyaataa fi maallaqaa

Haala mijeessaan kalaandariiwan lamaan hirmaatotatti ni agarsiisa; kana malees, wagga keessatti yeroo gosooni nyaataa tokko tokko xiqlaenyaan soorataman akkasumas yeroo midhaanonni nyaataa gabaa irraa bitaman addaan baasee ni hubachiisa.

GULANTAA 2: SHAAKALA GATII NYAATA MADAALAMAA HERREGUU

Haala mijeessaan akkas jedha: Nyaatni madaalamaan guuyyaa guyyaatti sooratamu maatii tokko gatii hagam akka baasisu herreguu yookiin shallaguudhaaf akka nu gargaarutti, kaayyoo soorataa guyyaa guyyaa kan tookoon tokkoon waqtii ni qopheessina. Isa booda, tokkoon tokkoon waqtii keessatti kan ji'a tokkoo gatii hagam akka ta'e ni shallagna. Gaatiin nyaata madaalamaa hagam akka ta'e erga hubannee booda, galma yeroo gabaabaa fi kan yeroo giddu-galeessaa nyaata madaalamaa argachuuf nu gargaaru qopheessina. Aannanii fi killee soorata keenyatti dabaluun maatiin albuudota nyaataa ol'aana gatii salphaadhaan guutuu isaanii akka ta'e yaadadhaa.

A. Fakkeenya karoora guyyaa kan tokkoon tokkoon waqtii

Haala mijeessaan Meeshaa Deeggarsaa 7 akka fakkeenyaatti fayyadamee filiip-chaartii irratti qopheessuudhaan yaada hirmaattotaa ni fudhata. Haala mijeessaan tokkoon tokkoon waqtitiif gaaffiwwan armaan gadii miseensota hawaasaa gaafachuudhaan galtee yookiin yaada isaanii filiip-chaartii irratti ni barreessa:

Haala mijeessaan waqtii amma irratti mariyatamu gubbaa filiip-chaartii irratti barreessa.



Haala mijeessaan akkas jechuun gaafata:

- Waqtii _____ keessatti, kalaandarii qopheessine bu'uura godhachuudhaan, cireen madaalamaan maal ta'uu danda'a? *Haala mijeessan maqaa soorata sanaa ni gaafata, fakkeenyaaf, buddeena fi killee, akkasumas garee nyaataa jalatti qabiyyeewan nyaataa adda addaa (he different ingredients) ni tarreessa.*
- Waqtii _____ keessatti, laaqanni madaalamaan maal ta'uu danda'a?
- Waqtii _____ keessatti, irbaanni madaalamaan maal ta'uu danda'a?
- Waqtii _____ keessatti, eeggachiiftun madaalamaan maal ta'uu danda'a?

Maatiin sun daa'imman wagga lamaa gadii, dubartii ulfaa yookiin hoosiftuu yookiin ammoo dubara dardara ulfa of keessaa qaba yoo ta'e, nyaata dabalataa/ eeggachiiftuu itti dabaluun barbaachisaa dha.

Meeshaa Deeggarsaa Hojii 7: Fakkeenya karoora guyyaa kan tokkoon tokkoon waqtii

Waqtii	Soorata	Gosa nyaataa fi garee nyaataa					
		Midhaan idilee	Midhaan qolaayookiin shiroo/ Ocholoonii	Nyaata bu'aa beelladaa	Kuduraalee	Cooma	Fuduraa
Fakkeenya: Ciree	Buddeena fi killee	Xaafii		Killee	Shunkurtii, qaaraa	Zayita	
Ciree							
Laaqana							
Irbaata							
Eeggachiiftuu							
Soorata dabalataa/ eeggachiiftuu daa'imma waggaa 2 gadiif, dubartoota ulfaa fi hoosiftoota							

B. Gatii tilmaama nyaata madaalamaa ji'a ji'aa maatii

Haala mijeesaan Meeshaa Deeggarsaa 8 akka fakkeenyatti fayyadamee filiip-chaartii irratti qopheessuudhaan yaada hirmaattotaa ni fudhata. Qabiyyeewan soorataa Meeshaa Deeggarsaa 7 keessatti addaan baafaman barreessuudhaan, haala mijeesaan tokkoon tokkoon waqtitiif gaaffiwwan armaan gadii miseensota hawaasaa gaafachuudhaan galtee yookiin yaada isaanii filiip-chaartii irratti ni barreessa. (Fakkeenyा armaan gadii ilaala).

 Haala mijeesaan akkas jechuudhaan gaafata:

1. Waqtii _____ dhaaf, qabiyyeewan soortaa madda kam irraa arganna? (Kalaandarii waqtii nyaataa akka wabiitti fayyadamaa)
2. Soorata kanneen kan guyyaa tokkoo maatii keessaniif qopheessuudhaaf, tokkoon tokkoon nyaataa kana keessaa hagam isi barbaachisa?
3. Baayyina barbaadamu keessaatti tokkoon tokkoon qabiyyee soorata gattin isaa hagami?
Fakkeenyaf, xaafii giraama 500 bituudhaaf qarshii 20 barbaachisa.
4. Gatii qabiyyee nyaataa kan ji'a tokkoo argachuudhaaf, gatii isa kan guyyaa sana 30n baay'isaa.
Fakkeenyaf, Qarshii 20 X 30 = Qarshii 600
5. Tokkoon tokkoon ji'aatiif, gatii guyyaa guyyaa walitti ida'aa.
6. Tokkoon tokkoon waqtitiif, gatii ji'a ji'aa walitti ida'aa.

Meeshaa Deeggarsaa Hojji 8: Tilmaama gatii nyaata madaalamaa soorata maatii kan ji'a tokkoo (fakkeeny)

Hawaasa: _____

Waqtii: _____

Gosa nyaataa	Madda nyaataa	Baay'ina guyyaatti (kiilogiraama/shiinii/liitira, kkf.) (A)	Gatii nyaataa (Qarshii) guyyaatti (B)	Cost of food (birr) per Gatii nyaataa (Qarshii) ji'atti (C = 30 X B)
Xaafii	Gabaa	Giraama 500	20	Qarshii 30 X 20 r = Qarshii 1,000
Zayita	SSNM	Miiliiliitira 50 ml (shiinii bu-naa 1 c)		
Killee	Oomisha manaa	3		
Idaa'ama			35	

Tokkoon tokkoon waqtitiif Meeshaa Deeggarsaa 7 fi 8 irra deebi'aa.

C. Baajata waggaa nyaata madaalamaa

Haala mijessaan Meeshaan Deeggarsaa 9 akka fakkeenyatti fayyadamee filiip-chaartii irratti qopheessuudhaan tokkoon tokkoon ji'aaf gatii ni barreessa akkasumas gatii waggaa ni shallaga yookiin ni herrega.

Meeshaa Deeggarsaa Hojii 9: Soorata maatii madaalamaadhaaf baajata waggaa

Sassaabbi duraa		Saassaabbi boodaa		Bona			Arfaasaa				Rooba/ Ganna		Waliigala
Ful	Onk	Sad	Mud	Amaj	Gur	Bit	Eebla	Caam	Wax	Adool	Hag		

Gaaffiwwan Gabaasaa

 Haala mijessaan akkas jechuun gaafata:

- Waqtiiwwan nyaata madaalamaa miseensa maatii hunda nyaachisuun itti salphaa ta'e ni jiruu?
- Waqtiiwwan nyaata madaalamaa miseensa maatii hunda nyaachisuun itti caalaa ulfaataa ta'e jiruu?

GULANTAA 3: NYAATA MADAALMAADHAAF KAAYYOO QOPHEESSUU

Haala mijessaan akkas jedha: Gatii nyaata madaalamaa guutummaa maatiif waqtiiwwan qonnaa garaagaraa keessatti akkasumas yeroo maddeen nyaataa oomishaa manaa, gabaa fi SSMN gidduutti jijiirama agarsiisanitti maal akka fakkaatu herregnee jirra. Galii keenya ammaa kanaa fi muuxannoo oomishaa keenyaa ammaa kana irraa akka hubannutti, guutummaa waggaa keessatti maatii keenyaaf nyaata madaalamaa dhiyeessuu akka hin dandeenye ilaalleerra. Kanaafuu, amma kaayyoowwan nyaata madaalamaa maatii keenyaaf dhugoomsuudhaaf daandii nuuf qajeelchan qopheessuu qabna. Kana jechuunis, miseensota maatii keenyaa tokkok toko kanneen akka daa'ima waggaa lamaa gadii, dubartii ulfaa yookiin hoosiftuudhaaf akkasumas dubara dardara ulfaaf kaayyoo nyaata madaalamaa qopheessuu jechuu dha. Kaayyoo qopheessuuf eegaluu keenyaan dura, mee kaayyoo jechuun maal akka ta'e haa yaadannu.

Galma/kaayyoo jechuun qajeelfama waliigalaa waan gara fuula duraa yeroo murtaa'e tokkko keessatti raawwachuuf barbaaddan ibsu ta'uusaa yaadadhaa. Kaayyoo yeroo gabaabaa (ji'a 1-2) yeroo giddu-galeessaa (waggaa 1-2) fi kan yeroo dheeraa (waggaa 2 ol) qopheessuu ni dandeessu.

 Haala mijessaan akkas jechuun gaafata: Kaayyoowwan keenya addaan baafnee qopheessuu jalqabuu keenyaan dura, hima kaayyoo gaarii tokko barreessuuf barbaachisaa kan ta'e maalii dha? *Deebiin hirmaattotaa ulaagaalee armaan gadii of keessatti hammachuuu danda'uu isaanii sirriitti dhaggeeffadhu. Ulaagaalee kanneen keessaa kan hin caqasne yoo jiraate, caqasuudhaan maaliif barbaachisaa akka ta'an ibsi* (Meeshaa Deeggarsaa 10).

Kaayyoon tokko ulaagaalee armaan gadii guutuu qaba:

- **Murtaa'aa:** Gatii murtaa'aa qaba.
- **Lakka'aamaa/safaramaa:** Kaayyoo keessan dhugoomsuuf fooyya'insa gootan madaaluudhaaf ulaagaalee ifaa of keessatti qaba.
- **Raawwatamuu kan danda'u:** Tarkaanfiwwan qabatmaa isin fudhattanu kaayyoo keessan bira ga'uuf isin gargaaru.
- **Qabatamaa:** Haalota mijataa yookiin qabeenya amma argachuu dandeessan kanneen akka yeroo, maalaqa, deeggarsa namoota biroo irraa argamu, haalota naannoo, kkf fayyadamuu dhugoomuu kan danda'u.
- **Yeroon daangaa'aa:** Yeroo murtaa'aa yookiin guyyaa itti galma gahu kan qabu dha.

Haala mijeessaan akkas jechuun ibsa: Galmi/kaayyoon keenya inni ijoon maatiin keenya gatii baay'ee gad'aanaa/rakasa ta'een/ nyaata madaalamaa wagga guutuu soorachuu danda'uua isaaniiti. Galma kana dhugoomsuudhaaf, kaayyoowwan xixiqqoo akeknee karoora gochaa yookiin raawwii kaayyoowwan kanneen dhugoomsan qopheessun barbaachisaa dha. Waqtiiwn adda addaa keessatti, oomisha jirui fi galii bu'uura godhachuudhaan, kaayyoowwan maatiin keessan nyaata madaalamaa akka sooratu gargaaru tokko yookiin lama qopheessaa. Kaayyoowwan kana qopheessuudhaaf, akkaataa boqonnaa 1 keessatti mariyannetti, miseensota maatii keessaa eenyufaa nyaata madaalamaan caalmaatti akka isaan barbaachisuu fi soorata hagam akka isaan barbaachisu ilaalacha keessa galchuu qabdu.

Yeroo galma keessan qopheessitanu, kaayyoowwan yeroo adda addaa qabaachuu isaanii hin dagatinaa; galma yeroo gabaabaa (ji'oottan 1-2), kan giddu-galeessaa (waggoota 2-3) fi kan yeroo dheeraa (waggoota 2 ol) ta'uu ni danda'u.

Shaakala: Kaayyo qopheessuu

Haala mijeessaan hirmaattonni galma ijoo waliigala miseensoni maatii hundi wagga guutuu nyaata madaalamaa akka nyaatan gargaaru bira gahuudhaaf, kaayyyoo tokkko yookiin lama akka qopheessan isaan gaafata. Kaayyo isaanii qopheessuu fi karoorfachuu akka danda'anuuf, Meeshaa Deeggarsaa 10 fayyadamuudhaan hirmaattota qajeelchi.

Fakkeenya himoota kaayyoo:

- Daaaa'imni kiyya durbaa kan ji'a 22, ji'ootan 3 dhufaa jiran keessatti, torban torbaniin killee 4 nyaachuu qabdi
- Haati manaa kiyya kan ulfa taate, eeggachiiftuu (cit]ree dabalataa) albuuda nyaataan badhaadhe (fuduraa + aannan kubbaayyaa/burcuqqoo tokko) haga isheen deessutti guyyaa guyyaatti ni sooratti.
- Guyyaa guyyaatti, nyaata vaayitaamin A dhaan badhaadhe soorata keenyatti dabaluun sooranna
- Kuduraa baala magariisaa dabalataa toora lama dhaabuudhaan yeroo soomaa xxx dhaaf akka nyaatamu ni taasifha.

Meeshaa Deeggarsaa 10: Kaayyoowwan Qopheessuu

Meeshaa Deeggarsaa 10 fayyadanuudhaan, kaayyoon isaanii ulaagaalee armaan gadii guutuu isaa haala mijeessaan ni gaafta:

- Murtaa'aa dhaa?
- Lakkaa'aamaa/safaramaa dhaa?
- Raawwatamuu kan danda'u dhaa?
- Qabatamaa dhaa?
- Yeroon daangaa'aa dhaa?

*Yoo barbaachisaa ta'e, daqiiqaa muraasa kenuun hiriyoonni gaayilaa
kaayyoowwan isaanii akka irra deebi'anii ilaalanu taasis.*

- **Qoodi:** Yeroo hirmaattonni kaayyoo isaanii irra deebi'anii sirreessanutti, haala mijeessaan tokkoon tokkoon abbaa manaa fi haadha manaa irra deemee daawwachuuun kaayyoon isaanii sirriitti qulqulleessanii akka qopheessanuuf deeggaruu qaba. Kana malees, hirmaattonni kaayyoo isaanii kanneen birootiif qooduudhaaf fedha qabaachuu fi dhiisuu isaanii haala mijeessaan gaafachuu qaba. Yoo fedha qabu ta'e, akka isaan hima kaayyoo isaanii gareedhaaf qoodanuuf gaafadhu. Isa booda, kanneen biroonis kaayyoo wal fakkaataa qabaachuu isaanii gaafadhu. Hirmaattonni biroon gareedhaaf qooduudhaaf yoo fedha qabaatan irra deddeebi'l haffeeri.
- **Babajata qopheessuu:** Haala mijeessaan akkas jedha: Kaayyoowwan kanneen dhugoomsuudhaaf karoora fi baajata qopheessuu nu barbaachisa.
 - Kaayyoowwan keessan bira gahuudhaaf, tarkaanfiiwwan akkamii fudhachuu akka qabdani murteessaa
 - Gatii kaayoocha ittiin dhugoomsuum dandeessan herregaa/shallagaa. Gatii soorata guyyaa gulantaa 2 jalatti kenname ilaalaa.
 - Qabeenya maallaqaa kaayyoo keessan dhugoomsuuf isin barbaachisu argachuudhaaf, madda galii keessanii yookiin gochaa raawwachuu dandeessan addaan baasaa.
- *Yoo fedha qabeessa ta'an, hiriyoonni kanneen kaayyoo isaanii kanneen biroof dhiyeessuudhaan yaada ijaarumsaa akka argatanuuf gaafadhu. Yoo fedha hin qabaatan ta'e garuu, haala mijeessaadhaaf akka qoodan taasisuudhaan haala mijeessaan sun ammoo yaada isaanii gabatee armaan gadiitti akka guutu taasisi.*

Gabatee haala mijeessaan ittiin abbootii warraa hawaasaa irraa odeeeffanno sassaabuun

Hiriya gaa'ilaa yooki-in maatti baaqkee	Naannoo	Kaayyoo nyaata madaalamaa	Kaayyoo bira ga-huuf tarkaaniiwwan	Baajata	Dadammaqsituu ha-waasaa irraa dee-ggrsa barbaachisuu

Hojii manaa

Haala mijeessaan tokkoon hiriyoota gaa'liaa akkas jechuun gaafata:

- Maallqa karooricha rawwachuufta'u mirkaneessuudhaaf, odeeeffanno gatii midhaanotaa/nyaatawwanii sassaabaa
- Baajata abbaa warraa/maati/ barumsa qabaa maallqaqa jalatti qophaa'e irratti mariyadhaa akksumas galma/kaayyoo nyaata madaalamaa fi kaayyooowwan biroo deeggaruuudhaaf, jjijjiramoonti akkamii godhamuu akka qaban gamaggamaa.

Qabxiilwwan ijo

Haala soorata nyaata madaalamaa fooyeeessuudhaaf, kaayyoowwan xixiqqaan qophaa'uun qabu

- Kaayyoowwan keessan bira gahamuudhaaf, karoorfachuu, baajata qopheessuu fi hojiitti jjijiruu qaqbdu

Hordoffii

- Kutaan barumsaa kana booda yeroowwan 3f, hojjettaan dirree miseensooni karoora isaanii hordofuudhaan hagam akka fooyyaainsa agarsiisan ni gaafata; itti aansuuniis, Walgahiliwwan 6 biroos hordofuu qaba.
- Hirmaattonni fedha qabeessa yoo ta'an, hojjettoonni dirree tookkoon tokkoon garee kaayyoo isaanii fi fooyyaainsa agarsiisan yeroo itti dhiyeessan ni murteessa.



FEED^THE FUTURE

The U.S. Government's Global Hunger & Food Security Initiative

www.feedthefuture.gov